Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Pheexiroosii fi Humna Kadhataa



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Waa'e Yasus namoota birootti himuf ergamaan biyyoota hundumaa irra naanna'e.

Guyyaa tokko, magaalaa Liidaa jedhamu keessatti nama laamsha'ee waggaa saddeeti siree irra ture arge.



Pheexiroos "Yasus si fayyisa," jedheen. "Siiree kee fuudhii ka'i." Akkuma sanaan ka'e dhaabbate. Namootin kana argan gara Waaqayyootti deebi'an.



Namootiin cina magaalaa Yophee gaddan. Dubartii kirstiyaanni Dorkaas jedhamtu duute. Gddaan hiriyootin ishee reeffa ishee awwaluuf qopheessan bakka gaddi itti taa'amu kutaa mana gubbaa keessa kaa'an.

Garuu hiriyooti ishee Pheexiroos naannawaa sana akka jiru quba qabu ture. Pheexiroos gara Yophee akka dhufu waaman.

Gara kutaa mana gubbaa yeroo dhufu haadhoti hiyyeessaa hundinuu isa naanna'anii boo'uun uffata jalaa fi irraa Dorkaan faayyaan isaaniif hojjette itti agarsiisuun hundumtuu iyyanii in boo'u turan.

Pheexiroos garuu hunduma isaanii ala baasee, ofii isaatii jilbeenfatee kadhachuun gara reeffichaatti garagalee. “Xaabiitaa, ka’I!” jedheen. Isheenis ija ishee banattee, Pheexiroosiin yommuu argite ol jettee teesse.



Achumaan
Pheexiroos harka
isaa itti hiixatee,
harka ishee qabee
ol ishee kaase;
kana booddees
amantoota, haadhotii
hiyyeessaas waamee
fayyaa ishee
isaan gidduu
dhaabbachiise.

Mana qarqara galaanaa jiru Pheexiroos yeroo dheeraaf Yophee ture. Guyyaa tokko Pheexiroos kadhachuuf gara guutuu manichaatti ol ba'e.

Masaraa magaalatti yeroo ilaalu, imaltoota isa barbaacha deeman sadii arge.

Namoota sadeen keessaa tokko loltuu Roomaa ta'uun kan tajaajilu Qorneelewos isa Waaqayyoon waaqessuudha. Ergamaan mul'ataan itti



mul'atee Pheexiroosiin akka barabaadee argu waan itti himeef garboota isaa Pheexiroosiin akka barabaadaniif erge.

Innoo Simoon isa gogaa duugu bira keessumummaa buufatee jira; manni Simoon immoo isa galaana qarqaraati jedheen.

Yeroo Pheexiroos bantii manaa isaanii isa diriiraa ol ba'e kadhatu Waaqayyo mul'ata itti agarsiise. Bantii waaqaa keessaa wanti akka baallee uffaata guddaa mataa afuriin hidhamee, gara lafaatti utuu gad buufamuu arge. Bineensotin miilla afur qaban, lafa irra kan munyuuqan, qilleensa keessa kan balali'an hundinuu uffata sana keessa turan.

Pheexiroos garuu, “Matumaa kun hin ta’u, yaa gooftaa, waan ciigaasisaadha fi xuraawaatti ilaalamu takkaa nyaadhee hin beeku,” jedhe. Amantii warra Isaa’elootaa akka nyaatamaniif hin hayyamu. Akka tasaa sagalee dhufee “Pheexiroos ka’iiqaliitii nyaadhu jedhee itti dubbate.”



Pheexiroos garuu "Matumaa kun hin ta'u, yaa gooftaa, waan ciigaasisaadha fi xuraawaatti ilaalamu takkaa nyaadhee hin beeku," jedhe. Ammas sagalichi si'a lammaffaa itti dubbate, "Aaqayyo kan qulleesse, ati xuraa'aatti hin ilaalin!" jedheen. Kun si'a sadii ta'e. wanti akka baallee uffataa sun achumaan gara waaqaatti deebi'ee ol fudhatame.

Pheexiroos hiikaan mul'ata argee maala akka ta'e utuu hin hubatin namootiin Qorneelewos biraa ergaman mana Simoon iyyaafachaa dhufanii balbala dura ga'an.

Yeroo namooti sadeen ergaman gara mana isaatti akka si waamuuf ergamaan Waaqayyo Qorneelewos waan himeef si waamuu dhufine jechuun Pheexiroositti himan, Waaqayyo akka isa gegeessaa jiru Pheexiroos bare. Guyyaa itti aanu Pheexiroos obboloota Yophee keessaa jarreen waliin gara mana Qorneelewos deema.





Akkuma inni imla isaa gara mana warra Israa'eelota hin ta'initti taasisu, Pheexiroos Waaqayyo namoota hundumaa akka jaalatu bare - sabooti hundumtuu Yasusiin fayyisaa biyya lafaa ta'uu akka beekan barbaada.

Yeroo Pheexiroos achi ga'u Qorneelewos isa simachuuf ba'ee miilla Pheexiroos irratti kufee sagadeef.

Pheexiroos ol isa qabee, “Ka’i anis akkuma kee nama hoo!” jedheen.

“Yuhuudii kan ta’e hundinuu, nama qomoo biraa wajjin walitti firoomuunii fi manawalii dhaquun seera akka hin ta’in,” gaarii gootanii beekitu.“Waaqayyo akka nama walhincaalchifine arge.”

Ilmi Waaqayyoo Yasus kan fannaoo irratti du'ee du'a mo'ee biyya lafaa fayyisuuf ka'e ta'uu nama Irsraa'el hin taane kanatti Pheexiroos hime. Hafuurri qulqulluun hunduma isaanii irraatti bu'uun hundumti isaanii ulfina waaqayyof waliin ta'anii laatan. Obbolooti Israa'el ja'aa fi Pheexiroos guddisanii dinqisiifatan.

Akkuma guyyaa Peenteekosteetti (guyyaa shantamaffaa). Kennaan hafuura qulquluu namoota Yeruusaalem hin taanerratti bu'uu eegale. Yasus keessatti lubbuu haaraa cuuphe Pheexiroos.



Yarusaalem keessatti, Kirstiyaanoti gochaa daawwannaa inni mana Qornelewositti taasise irraa ka'uun aaran. Pheexiroos waa'ee mul'ata Qorneelewos utuu kadhatuu arge itti hime. Yeroo waa'ee seenichaa dhaga'an kirstiyaanoti Yerusaalem in callisan. Waaqayyoon in galateeffatan, Kadhtaan kan waldaa kirstaanaa mul'isu jaalalli Waaqayyoo nama hundumaa isa waliin ta'a.



Pheexiroosii fi Humna Kadhataa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Hojii ergamootaa 9-12

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16